# Ergaa Phawuloos
# Gara Worra Rooma'aa Erge
## Seensa

Ergaan Phawuloosii ta gara worra Rooma'aa barreeffante, Phawuloos wolde'a kiristaanaa ka Roomaa jiru dhaqee ilaaliisaaf yaada waan qabuuf, qophowanee akka isa eeganuuf barreeffante. Yaad Phawuloosii wolde'a kiristaanaa ka Roomaa keessa jiru woliin yennaa diqqoo hujeen duuba, qarqaarsa isaaniitiin, gara Ispeenii dhaqiisa. Marroo dhugeeffannaa kiristaanaa waan isaa galeeruu fi kiristaanoti le'ii isaanii keessatti hujii irra akka oolfatanu itti himiisaaf barreesse. Ergaan Phawuloosii haala guutu'uun ergaa tana keessatti dhagganti.

Phawuloos dhugeeffattoota Rooma'atti dhaggamanuuf nageya ergee, akka daadimatuufille addii isaaniif kenneen duuba, handhurti yaada isaa, «Wongeelli Waaqi dhugeeffanna'aan namoota akka balchoonsu jalqabaa haga dhumaatitti mudhisa» (1:17).

Kanaan duuba Phawuloos yaaduma kana badhisiisaan barreessa. Worri Yihudootaatii fi worri Yihudoota hin te'inille, ilmaan namootaa duudiin, cubbuu jala waan jiranuuf, Waaqa woliin araaramuu isaan barbaachisa. Yesuus Kiristoositti dhugeeffatiisaan, namooti Waaqa woliin araaramuu dande'an. Firooma haareya Waaqa woliin godhatane kana ka fide, jiruu haareya Kiristoos woliin tokko te'ane kana akka te'e Phawuloos himeera. Dhugeeffataan Waaqa woliin nageya

qaba. Ayyaana Waaqaatiin cubbu'uu fi du'a jalaa bayeera. Foorota 5-8 keessatti Phawuloos yaada Seera Waaqaatii fi le'ii dhugeeffata'aa keessatti hunna Ayyaana Waaqaa akeeka. Achiin duuba Phawuloos, «Karoora Waaqi sanyii namaatiif qabu keessatti Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in attam wolii galuu dande'an?» gaaffii jettu woliin wodhaantoo qabata.

Ammalle Yihudooti Yesuus fudhatuu dhabiisi karoora Waaqaa akka teete mudhisa; sababille haala kanaan sanyiin ilmaan namaa marti badhaadha Waaqi Yesuus Kiristoosiin mudhise keessa dabaruu dandeetti; teetuu male, yennaan Yihudooti Yesuus fudhatanu akka dhufu'uu jirtu Phawuloos hin dhugeeffata; dhuma irratti Phawuloos le'ii kiristaanaa attam akka le'uu malane, keessattuu dhugeeffattooti tokkummaa wol wolii qabanu keessatti, karaa jaalalaa hordofiisa akka barbaachisu hima; marroo Waaqa tajaajiliisaa, kiristaanoti biyya ifiitii fi wol wolii ifiitiif itti gaafatama qabanuu fi gaaffii wodanaa namaa keessatti kaatu, tokko tokkoon hima.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Itti seensa Yaada jabaa kitaaba kana keessaa *1:1-17*
Fayyinni ilma namaatiif barbaachisaa akka te'e *1:18–3:20*
Karaa Waaqi itti fayyisu *3:21–4:25*
Jiruu haareya Kiristoosiin dhaggantu *5:1–8:39*
Karoora Waaqi Israa'eliif qabu *9:1–11:36*
Hujii kiristaanumma'aa *12:1–15:13*
Yaada buufataatii fi nageya *15:14–16:27*

1 Ana Phawuloosii tajaajilaa Yesuus Kiristoosii

te'ee fi ergamaa te'iisaaf waamamee, Oduu Gammadaa ta Waaqaa akka lallabuuf Waaqi file irraa:
2 Oduun Gammadaa tun akkuma Barreeffama Woyyicha keessatti barreeffante, ta Waaqi bara heddu'uun duratti karaa raagota ifiitiin waadaa gale.
3 Oduun Gammadaa marroo Ilma isaa, Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii, namoomaan sanyii Daawitii keessaa dhalatee dubbatti;
4 akkasuma Goottaan keenna Yesuus Kiristoos Ayyaana Woyyichaan* du'a keessaa ka'iisaan, Ilma Waaqaa akka te'e hunna guddo'oon beekkameera.
5 Karaa isaatii fi maqaa isaatii jedhee, worri Yihudoota hin te'in mara akka dhugeeffatuu fi ajajamu, akka ani qajeelchuuf badhaadha ergamaa te'iisaa, Waaqi naaf kenneera.
6 Isinille worri Roomaa keessaa, ka Yesuus Kiristoosii akka teetanuuf Waaqi waameera.
7 Maarre isin worra Roomaa keessa leetanu, ka Waaqi jaalatee akka kolbaa isaa teetanuuf waame maraaf:
Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaa Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya kennu.

### *Daadimata Galataa*

8 Duraan dursee, dhugeeffannaan teessan biyya lafaa maratti waan dhage'amiisatti jirtuuf, karaa Yesuus Kiristoosiitiin isin maraaf Waaqa kiyya galateeffadha.
9 Waaqi ani gadhaa tokkochaan Oduu Gammadaa ta marroo Ilma isaa dubbattu lallabiisaan

* **1:4** *Ayyaana Woyyichaan:* Ayyaana woyyummaa ifiitiin

tajaajilu, akka ani yennaa mara daadimannaa
tiyyaan isin qaabadhu dhugaa tiyya.
10 Waaqi fedha ifiitiin dhuma irratti akka ani
amma dhufee isin dhagguuf akka na dandeessisu
gaafadha.
11 Isin jajjabeessiisaaf, eebba Ayyaanaa
isiniin geyiisaaf, ani isin dhaggiisaaf guddoo
barbaadeera.
12 Isin dhugeeffannaa tiyyaan anille dhugeef-
fannaa teessaniin, nuuti lamaanuu akka wol jaj-
jabeessinu jechuu kiyya.
13 Obboleeyyan tiyya! Ani akkuma worra Yihu-
doota hin te'in oddu'utti dhugeeffattoota hedduu
dhagge, isin odduulle'etti dhugeeffattoota dhag-
guu fedheeraayyu; yennaa hedduu gara keessan
dhufiisaaf karoorfadhee, ammoo akka naaf hin
te'in akka beettanu barbaada.
14 Ani kolbaa maraaf, worra Giriikootaatii fi
worra Giriikoota hin te'iniifille, qaroole'ee fi gow-
woole'eefille itti gaafatama qaba.
15 Maarre ani isin worra Roomaa keessa lee-
tanuufille, Oduu Gammadaa lallabiisaaf halchaa
qaba.

### *Hunna Oduu Gammadaa*

16 Ani Oduu Gammadaatitti hin fokkifadhu;
Oduun Gammadaa worra dhugeeffatu mara: du-
raan dursitee Yihudoota, akkasuma worra Yihu-
doota hin te'in mara fayyisiisaaf hunna Waaqaa ti.
17 «Balchaan dhugeeffanna'aan jiruu dhaggata»
jedhantee barreeffanteerti; balchummaan
Waaqaa huji'iin waan mudhatteef, jalqabaa haga
dhumaatitti nami dhugeeffanna'aan balchooma.

---

**1:13** HuE. 19:21 **1:16** Mar. 8:38

### *Yakkaa Ilmaan Namaa*

18 Waaqa sodaa dhabiisaa fi hammeenna
kolba'aa, ka hammeenna ifiitiin dhugaa mudhii
dhoogganu irratti, ol-gubbaa irraa mufiin
Waaqaa mudhatteerti.
19 Waan namooti marroo Waaqaa beekiisaaf
dande'anu, Waaqinuu waan isaanitti
mudhiseeruuf, isaanitti mura.
20 Biyyi lafaa haga dadantee jalqabee adabi isaa,
jechuulle hunni isaa ta bara baraatii fi Waaqum-
maan isaa ilatti ta hin mudhanne, karaa waan
inni dadeetiin mudhattee hubatanteerti; maarre
namooti waan itti aalatanu hin qabanu.
21 Isaan Waaqa adoo beekaneeranu, ulfinnaa fi
galata isaaf male hin kennineef; yaada ifiitille'een
shufuroo te'ane; qalbiin isaanii duwwaan sun
dukkanootte.
22 Qaroolee ifiin jedhan, ammoo isaan gow-
woole'e;
23 ulfinna Waaqa hin duuneef kennuu malane,
fakkii nama du'uutiif yookiin sinbirrootaatiif
yookiin bineensota miila afuriitiif yookiin
bineensota lafa irra lowanuutiif kennane.
24 Tanaaf akka isaan nafa wolii irratti waan
fokkisiisu godhanuuf, halchaa isaanii badduu ta
battumma'aan guutanteef akka bitamanu Waaqi
dabarsee isaan kenne.
25 Sababille isaan dhugaa Waaqaa dharatti ji-
jjiirane; Waaqa dade waaqonfatiisa irra waan
Waaqi dade waaqonfatanee tajaajilane; Waaqi
ammoo haga bara baraa ka galateeffame! Ameen.
26 Isaan kana waan hujaneef, Waaqi halchaa
fokkisiittuuf dabarsee isaan kenne. Dubartiin
isaanii aadaa malee dubartii woliin sagaagalte.

27 Akkasuma dhiirtille wol qunnamtii aada'aa
ta dubartii woliin gootu lakkittee, halchaa wol
woliitiin gubatte. Tanaaf dhiirti dhiira woliin
waan fokkisiisu goote; hujii badduu ifiitiif adabbii
malte ifitti fidane.
28 Namooti Waaqa beekiisa waan didaneef,
Waaqi qalbii jallaametti'iif dabarsee isaan kenne;
tanaaf isaan waan hujiisaaf hin malle hujan.
29 Isaan balleessaa adda addaatiin, hammeen-
naan, joljolaan, hujii gadhe'een, hinaaffa'aan, ij-
jeecha'aan, lolaan, sobaa fi dabaan guutamane.
Akkasuma wol hamatan,
30 maqaa wol balleessan, Waaqa jibban, wol
arrassan, hin bondhooran, ifi saadan, karaa
heddu'uun hammeenna barbaadan, worra ifiitiif
hin ajajamanu,
31 hin qalbeeffatanu, waan dubbatanu hin guu-
tanu, woli hin jaalatanu yookiin woliif naasuu hin
qabanu.
32 Isaan Seera Waaqaa ka, «Worra waan akkasii
godhu maraaf du'atti male» jedhu hin beekan.
Te'uu malee, waan akkasii mara godhiisa qofa
adoo hin te'in, worra waan akkasii godhulle'een,
«Dansaa gootane» jedhan.

# 2

### *Muraa Waaqaa*

1 Ati, nama dhibi'itti ka murtu, waan itti
aalattu hin qaddu. Ati ka nama dhibi'itti murtu,
waanuma inni huje san waan hujjuuf, ifumatti
murta.

**2:1** Mat. 7:1; Luq. 6:37

2 Muraan Waaqaa ka worra waan akkasii huju
irratti dhufu sirrii akka te'e nuuti hin beenna.
3 Ati ammoo, namana, yennaa waanuma na-
matti murte san hujju, waan muraa Waaqaa jalaa
milixxe baatu sitti fakkaataa?
4 Yookiin gadhi-laafummaa isaa guddoo, ossata
isaatii fi si dande'uu isaa hin tuffattaa ree? Wonni
Waaqi gadhi-laafummaa ifii si'iif fakkanseef, gara
cubbuu irraa deebi'iisaa si geessiisaaf akka te'e
hin beettuu?
5 Ati ammoo mataa jabinnaa fi yaada cubbuu
irraa hin deebine hin qadda. Yennaa mufi'ii fi
muraan Waaqaa balchittiin mudhattuuf adabbii
teeti kuufatiisatti jirta.
6 Waaqi nama tokko tokkoofuu akkuma hujii
isaatitti hin kenna.
7 Inni worra ossee waan dansaa hujaa ulfinna,
guddinnaa fi jiruu hin banne Waaqa biraa dhag-
gatiisaaf barbaaduuf, jiruu bara baraa hin kenna.
8 Worri dhibiin mataa ifii jaalatee waan
dokonkora te'e hordofiisaaf dhugaa didane;
Waaqi mufi'ii fi muraa ifii isaanitti hin fida.
9 Dhiphinnii fi rakkinni worra waan hantuu
huju mara irratti, dursee Yihudoota irratti akka-
suma worra Yihudoota hin te'in irralle'etti hin
dhufa.
10 Waaqi ammoo ulfinna, guddinnaa fi nageya
worra waan dansaa hujatu maraaf, dursee Yihu-
dootaaf akkasuma worra Yihudoota hin te'iniifille
hin kenna.
11 Waaqi nama wol hin caalchisu.

12 Worri adoo Seera Muuse'ee hin qabaatin cub-
buu huju, Seera dhabulle hin badan; worri Seera
adoo qabuu cubbuu huju maraa ammoo Seeraan

itti muranti.
13 Sababille fuula Waaqaa duratti waan Seerri
ajaju hujiisaan balchaa te'an malee, dhage'iisa
calla'aanii moti.
14 Worri Yihudoota hin te'in Seera hin qabanu;
Seera qabaatuu dhabanulle, dadama isaaniitiin
waan Seerri ajaju hujan; isaan ifiif seera isaanii ti.
15 Akki isaanii akka wonni Seerri ajaju gadhaa
isaanii keessatti barreeffameeru mudhisa. Yen-
naa tokko tokko wodanaan isaanii isaan himata;
yennaa tokko tokkolle isaaniif falmata; tanaaf,
wodanaan isaaniille tun dhugaa akka teete mud-
hisa.
16 Maarre, akka Oduu Gammadaa ani lallabuu-
titti, yennaa Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin
waan dhossa'a ka namooti hujane maratti muru
tun teeti.

### *Yihudootaa Fi Seera*

17 Kunoo ati, «Ani Yihudi'i» ifiin jetta; seeratti
ciqilfatta; ka Waaqaa te'iisa keetille'een ifi jajja.
18 Ati fedha Waaqaa hin beetta; Seera waan
baratteertuuf waan te'uu fi waan hin teene gargar
baattee hin beetta.
19 Worra balla'aaf sooressa, worra dukkana
keessa jiruuf ifa akka teete ifi addatta;
20 Seera keessatti beekkumsaa fi dhugaa waan
dhaggiteef, gowwaa hin gorsita, wollaalaa hin
barsiitta.
21 Ati worra dhibii ka barsiittu maaf ifi hin
barsiinne ree? «Hin hatina'a!» jettee lalladda, ifiif
ammoo hin hatta;
22 «Hin gaarayyeeffatina'a!» jetta, ifiif ammoo
hin gaarayyeeffatta; waaqota dharaa waaqon-

fatiisa hin jibbita, ammoo galmoota isaanii hin saanta.
23 Seera Waaqaatiin ifi jajja, ammoo seera isaa
cassiisaan Waaqa irratti fokkoo fidda.
24 Tun tama Barreeffam Woyyichi, «Sababa
keessaniif, maqaan Waaqaa worra Yihudoota hin
te'in oddu'utti faanshoweera» jedhu.
25 Ati yoo Seeraaf ajajante, haqanqabaa qabati-
isi keeti gatii qaba; yoo ati ammoo Seeraaf hin
ajajamin, akka ijjumaayyuu haqanqabaa hin qa-
batin teeta.
26 Worri Yihudoota hin te'in ka haqanqabaa hin
qabatin, ajaja Seeraatiif yoo ajajame, akka haqan-
qabaa qabateetitti Waaqi hin laakkowuufii ree?
27 Maarre ati haqanqabaa qabattee Seera bar-
reeffame qabaattulle, Seera waan cassiteef, worri
haqanqabaa hin qabatin sitti hin mura; isaan
nafaan haqanqabaa qabatiisa dhabanulle, Seer-
aaf ammoo ajajamaneeran.
28 Nami maqaa calla'aan nama Yihudi'ii te'e
nama Yihudii dhugichaa moti; akkasuma haqan-
qabaan nafaa mudhatu qabatanu haqanqabaa
dhugichaa moti.
29 Yihudiin dhuga'aa nama keessi isaa Yihudii
te'e; haqanqabaan dhugichi, haqanqabaa
Ayyaana Waaqaatiin te'u, haqanqabaa qalbi'ii ti
malee, haqanqabaa nafaa, ka akka Seera keessatti
barreeffameetii moti. Nami akkasii leellisa
Waaqa biraa dhaggata malee, nama biraanii
moti.

# 3

1 Eegasuu bu'aan Yihudii te'iisaa maan ree?
Yookiin gatiin haqanqabaa qabatiisaa maan?

2 Dhugumaan Yihudii te'iis karaa maraanuu
gatii guddoo qaba! Wonni guddaan Waaqi mag-
annee jecha ifii Yihudootatti kennatiisa.
3 Yihudoota keessaa gariin yoo hin addatamin,
addatamiisa dhabiisi isaanii addatamiisa Waaqaa
hin hamburaa ree?
4 Ijjumaa hin hamburu!

«Ati jecha keetiin dhugaamessa teeta;
worra si himatulle hin injifatta» jedhantee
akkuma barreeffante, nami maraayyuu dharaamessa te'ulle,
Waaqi dhugaamessa.

5 Ammoo balchummaa dhabuun keenna yoo
balchummaa Waaqaa irra caalaa mudhise, nuuti
silaa maan jenna ree? Waaqi yennaa nu adabe
balleessaa hujee ree? Tana akkuma nami dub-
batu dubbadha.
6 Ijjumaa waawwo'o! Waaqi balchaa yoo hin te'in,
attamiin biyya lafaatitti mura ree?
7 Ammoo addatamuu dhabuun kiyya addatami-
isa Waaqaa mudhittee, baceenna ulfinna isaa ka
mudhittu yoo teete, maaf haga ammaa akka cub-
baalessaa natti murama ree?
8 Namooti gariin, «Waan dansaa fidiisaaf, kowa'a
waan hantuu huyna» jedhaa akka waan ani bar-
siisuu fakkeessanee na himatan; tanaaf worra
akkasii irratti muraan murantu tama isaanii
malte.

### *Balchaan Hin Jiru*

9 Nuuti Yihudooti worra Yihudoota hin te'in hin
caallaa ree? Ijjumaa waawwo'o! Nami duudiin
Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'inille hunna
cubbu'uu jala akka jiranu ani dursee mudhiseera.

10 Akkuma barreeffante:
«Nami balchaan tokkolle hin jiru,
tokkolle hin jiru;
11 ka hubatulle hin jiru;
ka Waaqa barbaadatulle hin jiru.
12 Martinuu worra gatii hin qanne te'aneeran;
wol qabatanee dokonkoraneeran.
Hujii dansaa ka huju tokkolle hin jiru;
13 Jecha nama miidhu dubbatiisaaf,
afaan isaanii akka awwaala banamee ti;
arraba ifiitiin hin soban;
dubbiin hidhiin isaanii dubbattulle
ta akka hadhaa dhudhuufa'aa nama miitu;
14 afaan isaanii abaarsaa fi
dubbii hadhoottu'uun guutameera.
15 Miilli isaanii dhiiga namaa jissiisaaf ariifata;
16 addee isaan dhaqane mara badi'ii fi deegatti jira.
17 Karaa nageyaalle hin beekanu;
18 Waaqa sodaan isaan bira hin jirtu» jedha.

19 Ajaji Seeraa worra Seera jala jiru akka ilaalu
hin beenna; tanaaf namooti waan itti aalatanu
dhabanee afaan qabatan; biyyi lafaa duudiin mu-
raa Waaqaa jala galti.
20 Tanaaf eennulle Seera muummessiisaan
Waaqa duratti hin balchoomu; Seerri nami maraa
cubbicha akka te'e mudhisa.

### *Dhugeeffanna'aan Balchoomuu*

21 Amma ammoo, Seeraaf adoo hin ajajamin
karaan Waaqi kolbaa ittiin balchoonsu mud-
hateera; Seerri Muuse'eetii fi Raagotille karaa
kanaaf dhugaa bayaneeran.

22 Waaqi worra Yesuus Kiristoositti dhugeeffatu
maraaf adoo wol hin caalchisin balchummaa hin
kenna.
23 Nami martinuu cubbuu hujeera; ulfinni
Waaqaalle irraa dhidhateera*.
24 Ammoo karaa wodoo te'iisa Yesuus
Kiristoosiitiin toluma badhaadha Waaqaatiin
balchoomeera.
25 Worri isatti dhugeeffatu maraa dhiiga
isaatiin araara cubbuu ifii akka dhaggatuuf,
Waaqi Yesuus Kiristoos ciincaa guma'aa
godhee dhikeesse. Inni cubbuu durii ossa
ifiitiin balleessiisaan muraa ifii ta sirrii teete
mudhisiisaaf tana godhe.
26 Bara ammaa kanalle, worra Yesuus Kiris-
toositti dhugeeffatu mara balchoonsiisaan, Waaqi
balchaa te'iisa ifii mudhisa.
27 Yoona wonni ittiin ifi jajnu maanti jira ree?
Womaa! Maaf ifi jajuu dhanna ree? Waan Seera
muummessinuufii? Waawwo'o; ammoo dhugeef-
fanna'aan.
28 Maarre nami waan Seerri ajaju muummes-
siisaan adoo hin te'in, dhugeeffannaa calla'aan
Waaqa duratti akka balchoomu dhaggina.
29 Yookiin Waaqi Waaqa Yihudootaa calla'aa?
Inni Waaqa worra Yihudoota hin te'iniitille'ee
motii? Ee, ka worra Yihudoota hin te'iniitille'e.
30 Waaqi tokkocha; Yihudootalle te'e, worra Yi-
hudoota hin te'in dhugeeffannuma isaaniitiin ka
balchoonsu isa.
31 Eegasuu dhugeeffanna'aan Seera hin diinna
jechu'uu ree? Waawwo'o; diigiisaan irra, Seera

* **3:23** *Ulfinni Waaqaalle irraa dhidhateera:* Ulfinna addee Waaqi jiruu irralle'ee fagaateera **3:30** Gal. 3:20

jabeessinee qabanna.

# 4

*Fakkeenna Te'iisa Abrahaamii*

1 Marroo Abrahaamii, abbaa sanyii teennaa
maan jenna ree? Inni maan dhaggate?
2 Adoo waan Abrahaam huji'iin balchoomee
jiraate, silaa inni waan ittiin ifi jaju qabaayyu;
ammoo Waaqa duratti ifi jajuu hin dande'u.
3 Barreeffam Woyyichi, «Abrahaam Waaqatti
dhugeeffate, dhugeeffannaan isaalle
balchumma'atti laakkowanteef» jedha.
4 Mindaan nama hojjateef kaffalamu, gatii
hujii isaa ti malee, akka kennansaatitti hin
laakkowamu.
5 Nami hujii dansaa dhabulle, Waaqa cubbaal-
leyyii balchoonsutti yoo dhugeeffate, dhugeeffan-
naan isaa balchumma'atti hin laakkowantiif.
6 Nami Waaqi hujii dansaa malee balchoonsu,
nama badhaadhe akka te'e Daawitille dubbatee,
7 «Worri yakkaa isaaniitiif araarri kennamee fi
cubbuun isaaniille haqanteef
ka badhaadhe!
8 Nami Goottaan cubbuu isaa itti hin laakkonne
ka badhaadhe» jedheera.
9 Badhaadhiisi kun worra haqanqabaa
qabate qofaaf moo, yookiin worra haqanqabaa
hin qabatinille'eef ree? Worra haqanqabaa
hin qabatinille'eef. Nuuti, «Abrahaam
Waaqatti dhugeeffatee, dhugeeffannaan isaa
balchumma'atti laakkowanteef» jenna.
10 Dhugeeffannaan Abrahaamiif,
balchumma'atti ka laakkowanteef yoom?

Haqanqabaa qabateen dura moo duuba? Adoo haqanqabaa hin qabatin dura malee, duubaa moti.
11 Abrahaam haqanqabaa adoo hin qabatin dura, dhugeeffannaan isaa balchumma'atti akka laakkowanteef, beessisa mirkaneessu akka te'uuf haqanqabaa qabate; tanaaf Abrahaam worra adoo haqanqabaa hin qabatin dhugeeffatuu fi dhugeeffannaan isaaniille balchumma'atti laakkowantu maraaf abba'a.
12 Akkasuma Abrahaam worra haqanqabaa hin qabatinille'eef abba'a; waan isaan haqanqabaa qabatane qofaaf adoo hin te'in, waan isaan dhugeeffannaa inni adoo haqanqabaa hin qabatin dura qabulle hordofaneef, worra haqanqabaa qabateef abbaa te'e.

### *Waadaan Waaqaa Karaa Dhugeeffanna'aatiin Muummotte*

13 Abrahaamii fi sanyiin isaa biyya lafaa akka dhaaltu wonni Waaqi waadaa galeef, marroo balchummaa dhugeeffanna'aan dhaggateetiif malee, waan Seera muummesseefii moti.
14 Worri dhaalu worra Seera muummessu yoo te'e, dhugeeffannaan gatii hin qaddu; waadaan Waaqi galelle gatii hin qabu.
15 Seerri mufii Waaqaa fida; addee Seerri hin jirretti ammoo, Seera dabariis hin jiru.
16 Tanaaf waadaan dhugeeffannaa irratti hundooyeeraayyu; waadaan kunille, ka sanyii Abrahaamii maraaf, Waaqa irraa badhaadhaan kenname akka te'e tanaan mirkanoweera. Kunille, worra akka Abrahaamii dhugeeffate maraaf

malee, worra Seera hordofu qofaafii moti; Abra-
haam nu maraafuu abba'a.
17 Barreeffam Woyyichi marroo Abrahaamii
yennaa dubbatu, «Gosa heddu'uuf abbaa si god-
heera» jedha; Waaqa worra du'e du'aa kaasuu
fi waan hin jirre jiraachisutti Abrahaam waan
dhugeeffateef, Waaqi waadaa kana isaaf gale.
18 Abrahaam addee wonni addachiisu hin
jirretti addatee, akkuma Barreeffam Woyyichi,
«Sanyiin teeti hin heddatti» jedhu, abbaa gosa
heddu'uu te'e.
19 Inni nama gara woggaa dhibbaa ti; am-
moo nafa ifii ka du'a geye, yookiin gadaamessa
Saara'aalle ka dewuu hin dandeenne herregee
dhugeeffanna'aan hin dadhanne.
20 Inni dhugeeffanna'aan jabaatee Waaqa
ulfeesse malee, dhugeeffatiisa dhabee, waadaa
Waaqaa hin mamne.
21 Waaqi waadaa gale ka muummessu akka
te'elle gadhaa tokkochaan dhugeeffateeraayyu.
22 Tanaaf dhugeeffannaan Abrahaamii
balchumma'atti isaa laakkowante.
23 Te'uu malee jechi, «Balchumma'atti
laakkowameef» jedhu, Abrahaam calla'aaf adoo
hin te'in,
24 nu'ulle'eef barreeffame. Nu worra
Waaqa Goottaa keenna Yesuus du'aa kaasetti
dhugeeffannuufille, dhugeeffannaan teenna
balchumma'atti nu'uuf hin laakkowanti.
25 Yesuus sababa cubbuu teennaatiif du'aaf
dabarfamee kennamee, nu balchoonsiisaaf du'aa
ka'e.

---

**4:16** Gal. 3:7

# 5

*Waaqa Duratti Balchoomuu*

1 Tanaaf, eega dhugeeffanna'aan Waaqa duratti
balchoonne, karaa Goottaa keenna Yesuus Kiris-
toosiitiin Waaqa woliin nageya qanna.
2 Kiristoos gara badhaadha Waaqaa, ka amma
ittiin dhaabbannee jirru kanaa nu fideera; nuu-
tille addii ulfinna Waaqaa ittiin qoodannuun ifi
jajna.
3 Tana qofaan adoo hin te'in, rakkinni ciniin-
natanee ossiisa akka nu'uu fidu waan beennuuf,
rakkinna keennalle'een ifi jajna.
4 Ciniinnatanee ossiisille mirkaneessiisa
Waaqaa fida; mirkaneessiis Waaqaalle addii
fida.
5 Jaalalli Waaqaa karaa Ayyaana Woyyicha nuuf
kennameetiin, gadhaa keenna waan guuteeruuf,
addiin nu hin qaanessitu.
6 Adoo nuuti dadhaboole'eetuu, yennaan Waaqi
murteesse geennaan Kiristoos cubbaaleyyi'iif
du'e.
7 Nama addee nama balcha'a du'u dhaggatiis
guddoo rakkisa'a; te'ulle nami addee nama
dansa'a du'iisaaf fedhu dhaggamuu fa dande'a.
8 Ammoo adoo nuuti cubbaaleyyi'iituu Kiris-
toos addee teenna du'eera; kunille jaalalli Waaqi
nu'uuf qabu attam attam guddaa akka te'e mud-
hisa.
9 Amma nuuti dhiiga isaatiin eega balchoonnee,
karaa isaatiin irra caalaa mufii Waaqaa jalaa hin
baana.
10 Nuuti diinota Waaqaa ti; inni ammoo karaa
du'a Ilma ifiitiin jaalota ifii nu godhe. Amma eega

jaalota Waaqaa teene, karaa jiruu Kiristoosiitiin irra caalaa hin fayyina.
11 Tana qofa adoo hin te'in, karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii ittiin Waaqa woliin araaranneetille'een, Waaqaan ifi hin jajna.

### *Duuti Addaamiin, Jiruun Kiristoosiin*

12 Karaa nama tokkochaatiin cubbuun gara biyya lafaa dhutte; cubbuulle du'a fidde. Akkasuma nami maraa cubbuu Addaamiitiin waan cubbameef, duuti sanyii namaa maratti dhutte.
13 Adoo Seerri Muuse'ee hin kennamin dura cubbuun biyya lafaa irra jirtiiyyuu; te'uu malee addee Seerri hin jirretti, cubbuun akka cubbu'uutitti hin laakkowantu.
14 Ammoo bara Addaamii irraa jalqaddee haga bara Muuse'ee, duuti nama mara irratti moote; worruma akka Addaamii Seera Waaqaa dabaree cubbuu hin hunye irralle'etti moote.
Addaam fakkeenna Kiristoosii dhufuu ti.
15 Ammoo kennaan badhaadha Waaqaa akka cubbuu namaatii moti; akkuma sababa cubbuu nama tokkochaatiif worri hedduun du'e, sababa badhaadha Waaqaatii fi sababa Yesuus Kiristoosii nama tokkochaatiif, kennansi badhaadhaa worra heddu'uuf danbalaafamee kennameera.
16 Akkasuma bu'aan badhaadhaa, ka kennansi Waaqaa tolaa fide, ka akka cubbuun nama tokkochaa fiddeetii moti; muraan marroo cubbuu nama tokkochaatiif kenname adabbii fide; kennansi tolaa ka sababa cubbuu heddu'uutiif kenname ammoo balchummaa fide.
17 Eega sababa cubbuu nama tokkochaatiif duuti nama mara irratti baallii dhaggatte, worri badhaadha Waaqaa ka danbala'ee fi kennaa

tolaa fudhatee balchoome maraa, karaa nama tokkochaa, karaa Yesuus Kiristoosiitiin le'aa mowan.

18 Maarre, akkuma cubbuun nama tokkochaa
nama maratti yakkaa mursiitte, hujiin balchumma'aa ta nama tokkochaa nama mara balchoonsitee jiruu hin kenniti.

19 Akkuma ajajama dhabiisa Addaamiitiin
worri hedduun cubbaalleyyii te'e, ajajamiisa Kiristoosiitiin worri hedduun hin balchooma.

20 Seerri akka cubbuun bacattuuf dhufe; am-
moo qixxee cubbuun bacatte caalaa badhaadhi Waaqaa bacate.

21 Maarre, akkuma cubbuun karaa du'aatiin
moote, badhaadhi Waaqaalle karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, gara jiruu bara baraa nu geessiisaan balchumma'aan mowa.

# 6

## *Cubbuu Jalaa Du'anee Kiristoosiin Le'uu*

1 Yoona maan jenna ree? Badhaadhi Waaqaa
akka bacatuuf ittuma cubbuu hunyaa ree?

2 Waawwo'o! Nu worri cubbuu jalaa duune,
attam cubbuma jala jiraanna ree?

3 Nu worri Yesuus Kiristoos woliin tokko
te'iisaaf cuuphanne maraa, du'a isaalle qoodamiisaaf akka cuuphanne hin beettanuu ree?

4 Yennaa cuuphamaan isa woliin awwaalanne,
worra du'a isaalle qoodamu teeneerra; tanaaf akkuma Kiristoos ulfinna Abba'aatiin du'aa ka'e, nuutille jiruu haareyaan hin jiraanna.

5 Du'a isaatiin yoo akkas isa woliin tokko teene, du'aa ka'iisa isaatille'een isa woliin tokko hin teena.
6 Le'iin teenna cubbaalettiin akka badduu fi garboolee cubbu'uu te'iis keenna akka hafuuf, nafi keenna dullachi Kiristoos woliin akka fannifame hin beenna.
7 Nami du'e hunna cubbu'uu jalaa bilisa bayeera.
8 Yoona yoo Kiristoos woliin duune, isa woliin jiru'uun akka leenu hin dhugeeffanna.
9 Kiristoos waan du'aa ka'eef, deebi'ee akka hin duunee fi duutille isa irratti baallii akka hin qanne hin beenna.
10 Inni yennaa du'e akka cubbuun isa irratti hunna hin qabaanneef, takkumaan yennaa maraaf du'e; ammalle yennaa jiru'uun le'u, Waaqaaf le'a.
11 Isinille akka cubbuu jalaa duutanee, karaa Yesuus Kiristoosiitiin Waaqaaf leetanuutitti ifi laakkowa'a.
12 Maarre halchaa foon keessaniitiif akka ajajantanu akka isin hin goone, nafa keessan ka du'u keessatti cubbuun akka mootuuf hin eeyyamina'a.
13 Nafa keessan keessaa addee takkaalle meya jallu'uu gootanee cubbu'uuf hin dhikeessina'a; ammoo akka worra du'a keessaa bayee gara jiru'uu dhufee, Waaqaaf ifi dhikeessa'a; nafa keessan duudii meya balchumma'aa godha'aatii Waaqaaf dhikeessa'a.
14 Isin badhaadha Waaqaa jala jirtan malee, cubbuu jala waan hin jirreef, cubbuun isin irratti hin goottontu.

### *Garboota Balchumma'aa*

15 Yoona maan jenna ree? Nuuti badhaadha
Waaqaa jala malee, cubbuu jala waan hin jirreef,
cubbuu hunyuu ree? Ijjumaa waawwo'o!
16 Isin nama tokkoof ifi garba gootanee aja-
jamiisaaf yennaa dhiyeessitanu, nama ajajantanu
saniif garba akka teetane hin beettanu ree? Akka-
suma yoo cubbu'uuf ajajantane, cubbuu du'a fid-
duuf garba teetan; yoo Waaqaaf ajajantane am-
moo balchummaa dhaggatan.
17 Isin dur garboota cubbu'uu ti; amma ammoo
barumsa fudhattaneef gadhaa guutu'uun waan
ajajantaneef, Waaqi galatoomu.
18 Cubbuu jalaa baatanee garboota
balchumma'aa teetaneertan.
19 Isin dadamaan dadhaboolee waan teeta-
neef, ani dubbii namaa galtuun dubbatiisatti jira.
Akkuma tanaan dura qooda nafa keessanii garba
battumma'aatii fi jallu'uu gootanee dhikeessi-
tane, amma akka qoodi nafa keessanii maraa
woyyoomu garba balchumma'aa godha'aatii dhi-
keessa'a.
20 Isin yennaa garboota cubbu'uu teetane,
balchummaa jalaa bilisa jirtaniiyyu.
21 Waan amma ittiin fokkifattanu kana irraa
yennaa san bu'aa maan dhaggattane ree? Muum-
meen waan saniille du'a!
22 Amma ammoo cubbuu jalaa baatanee gar-
boota Waaqaa waan teetaneef woyyummaa hin
dhaggatan; muummeen woyyumma'aalle jiruu
bara baraa ti.
23 Gatiin cubbu'uu du'a; kennansi Waaqaa am-
moo karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin
jiruu bara baraa ti.

# 7

*Seera Jalaa Bilisa Te'uu*

1 Obboleeyyan tiyya! Ani worra seera beekuuf
dubbadha. Seerri haga nami jiru'uun jiru qofa
nama irratti baallii qaba.
2 Fakkeennaaf, dubartiin heerumte takka, haga
dhirsi isi'ii jiru seeraan itti hidhanteerti; yoo inni
du'e ammoo, seera ittiin hidhante san jalaa baa-
teerti.
3 Tanaaf dhirsi isi'ii adoo jiruu, dhiira dhibii yoo
heerumte, gaarayyeeffattuu jedhanti. Dhirsi isi'ii
yoo du'e ammoo, isiin seera isatti hidhante jalaa
hin baati; dhirsa dhibii yoo heerumtelle gaarayy-
eeffattu'uu moti.
4 Obboleeyyan tiyya! Haalli keessanille kanuma
fakkaata; isin qooda nafa Kiristoosii waan teeta-
neef, Seera jalaa duutaneertan; tanaaf, akka nuuti
tajaajila Waaqaatiif midhaan buunnuuf, isin ka
Kiristoosii du'a keessaa ka'ee teetaneertan.
5 Yennaa nuuti akka yaada foonii leenu san,
halchaan hantuun Seeraan nunnuffantu, akka
nuuti du'aaf midhaan buunnu, qoqooda nafa
keennaa keessatti hujiisatti jirtiiyyu.
6 Amma ammoo, Seera nu hidheeru jalaa du-
unee, hidhaansa isaa jalaa baaneerra. Tanaaf
haganaa achi karaa haareya Ayyaanaatiin malee,
karaa Seera dullacha barreeffameeruutiin hin ta-
jaajillu.

*Seeraa Fi Cubbuu*

7 Yoona maan jenna ree? Seerrinuu cubbu'u
jennuu ree? Waawwo'o! Ammoo cubbuun maan
akka teete akka ani beeku ka godhe Seera. Adoo

Seerri, «Hin kajeelin» jedhuu dhabe kajeellaan
maan akka teete, ani sila hin beekuuyyu.
8 Cubbuun karaa ajaja Seera irraa dhufeetiin,
halchaan marti akka na keessatti nunnuffantu
goote. Ammoo addee Seerri hin jirretti cubbuun
waan du'e.
9 Yennaa dur Seerri hin jirre ani jiru'uun le'eera;
ammoo yennaa ajaji Seeraa dhufe cubbuun jiruu
dhaggattee,
10 ani du'e. Ajaji Seeraa ka jiru'uuf kennamelle
du'a natti fide.
11 Cubbuun karaa ajaja Seeraatiin na soddee, na
ijjeette.
12 Maarre, Seerri woyyu'u; ajaji isaalle woyyu'u,
balcha'aa fi dansa'a.
13 Eegasuu waanuma dansa'attuu du'a natti fide
jechu'uu ree? Waawwo'o! Cubbuun cubbuu tee-
tee akka mudhattuuf, karaa waan dansa'aatiin,
du'a natti fidde. Karaa ajajaatiinille, cubbuun irra
caalaa cubbuu teete.

## *Wodhaantoo Jiruu Namaa Keessa Jirtu*

14 Seerri ayyaanticha akka te'e hin beenna.
Ani ammoo nama foonii, ka garbicha cubbu'uu
te'iisaaf gurgurameeru.
15 Ani waan godhu hin hubadhu; ani waan god-
hiisaaf barbaadu hin godhu, ammoo waan jibbu
godha.
16 Ani eega waan hin barbaanne godhu teete,
Seerri dansaa akka te'e wolii gala.
17 Ka waan ani godhiisaaf hin barbaanne
godhu, cubbuu na keessa jirtu malee anaa moti.

---

**7:15** Gal. 5:17

18 Ana keessa yookiin namummaa kiyya keessa
wonni dansaan takkattiille akka hin jirre ani hin
beeka. Waan dansaa godhiisaaf halchaan na
keessa jiraattulle, ani waan dansaa godhiisaaf hin
dandeenne.
19 Ani waan dansaa godhiisaaf barbaade hin
godhu; ammoo hantuu godhiisaaf hin barbaanne
godha.
20 Ani yoo waan godhiisaaf hin barbaanne
godhu teete, ka kana godhu cubbuu na keessa
jirtu malee, anaa moti.
21 Maarre ani Seerri hujii irra ooluun dhagga;
ani yennaa waan dansaa godhiisaa barbaadu,
seerri namumma'aa akka ani hantuu qofa godhu
na tolcha.
22 Keessi kiyya Seera Waaqaatitti gammada.
23 Te'uu malee seera dhibii ka nafa kiyya
keessatti, seera qalbiin tiyya fudhatu woliin wol
lolu dhagga. Seerri dhibiin na keessatti hujiisatti
jiru sun, seera cubbu'uu ti; inni garba ifii na
godhateera.
24 Ani nama farraamessa attamiiti! Foon gara
du'aa na geessaaru kana jalaa eentu na baasa?
25 Karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin
galanni Waaqaaf te'u!

Maarre, qalbii tiyyaan ani garbicha Seera
Waaqaa ti; foon kiyyaan ammoo garbicha seera
cubbu'uu ti.

# 8

## *Ayyaana Waaqaatiin Jiraachuu*

1 Maarre worri Kiristoos Yesuusiin le'u, amma
muraa yakka'aa jala hin jiru.

2 Seerri Ayyaana Woyyichaa, ka jiruu kennu karaa Kiristoos Yesuusiitiin, seera cubbu'uutii fi du'aa jalaa na baaseera.

3 Namummaan namaa dadhadduu waan teeteef, waan Seerri godhuu dadhabe, Waaqi godheera. Inni Ilma ifii ka namummaa teenna cubbaalettii fakkaatee, cubbuu haqiisaaf dhufe, ergiisaan cubbuu namummaa namaa keessa jirtutti yakkaa mure.

4 Nu worra akka fedha foonii adoo hin te'in, akka fedha Ayyaanaa leenu keessatti, wonni Seerri nu irraa gaafatu balchichi akka muummowuuf, Waaqi tana godhe.

5 Worri akka fedha foonii le'u waan foonii, worri akka fedha Ayyaanaa le'u ammoo waan ayyaanticha yaadatan.

6 Yaada fooniitiin mowamuun du'a fida; yaada Ayyaanaatiin mowamuun ammoo jiru'uu fi nageya kenna.

7 Nami yaada fooniitiin mowamu diina Waaqaa ti; sababille inni Seera Waaqaatiif hin ajajamu; ajajamiisaafille hin dande'u.

8 Worri yaada fooniitiif ajajamu Waaqa gammachiisuu hin dande'u.

9 Dhugumaan, Ayyaanni Waaqaa isin keessa waan jiruuf, isin akka fedha Ayyaanaa malee, akka fedha foonii hin leetanu. Nami Ayyaana Kiristoosii hin qannelle nama Kiristoosiitii moti.

10 Yoo Kiristoos isin keessa jiraate, sababa cubbu'uutiif nafi* keessan du'ulle, sababa balchumma'aatiif Ayyaanni jiruu isinii kenna.

---

* **8:10** *Nafi:* Foon

11 Ayyaanni Waaqaa ka Yesuus du'a keessaa
kaase, isin keessa yoo jiraate, ka Kiristoos du'a
keessaa kaase, karaa Ayyaana ifiitiin nafa keessan
ka du'uufille jiruu hin kenna.
12 Tanaaf, obboleeyyan tiyya! Nuuti waan god-
huu qannu qanna; wonni godhuu qannu sunille
akka fedha foonii le'iisaa moti.
13 Yoo akka fedha foonii leetane, hin duu-
tan; ammoo hunna Ayyaana Woyyichaatiin hujii
fedha foonii yoo ijjeettane jiru'uun leetan.
14 Worri Ayyaana Waaqaatiin sooreffamu mara
ijoollee Waaqaa ti.
15 Isin Ayyaana ilmoomaa ka, «Abba'a! Ab-
baa keenna!» jettanee waantanuun fudhattane
malee, soda'aan akka leetanuuf ayyaana ammalle
isin garboonsu hin fudhanne.
16 Ayyaanni Waaqaatuu ayyaana keenna woliin
wolii galee, nuuti ijoollee Waaqaa akka teene
dhugaa baya.
17 Maarre ijoollee Waaqaa eega teene, isa hin
dhaalla; Kiristoos wolille'een hin dhaalla; amma
rakkinna Kiristoosii eega qoodanne, ulfinna
isaalle hin qoodanna.

### *Ulfinna Dhufu*

18 Rakkinni ammaa kun ulfinna gara duraa
nu'uuf mudhatu woliin wol bira qabamee ilaala-
muu akka hin dande'annetti ani laakkowa.
19 Dadi duudiin mudhachuu ijoollee Waaqaa
dharraa gudda'aan eegiisatti jirti.
20 Dadi duudiin ta gatii hin qanne akka teetuuf
itti murameera; kunille fedhii ifiitiin adoo hin

**8:11** 1 Qor. 3:16 **8:15** Mar. 14:36; Gal. 4:6

te'in, fedhii Waaqa akka dadi duudiin addi'iin
eeggattu godheetiin teete.
21 Addiin sunille ta dadi duudiin gaafa tokko
garbummaa badi'ii jalaa baatee, ulfinna bilisum-
maa ijoollee Waaqaa qoodantu.
22 Dadi duudiinuu haga ammaa ciniinsifati-
isaan aadiisatti akka jirtu hin beenna.
23 Dada qofa adoo hin te'in, nuutinuu worri
Ayyaana kennaa mata'aa te'e qannu, Waaqi ilma
isaa ka guddisaa te'iisa keenna akka mudhisuu
fi du'a jalaa wodamiisa keenna eegataa, keessa
keennatti aadiisatti jirra.
24 Nuuti yennaa fayyine waan addi'iin eegataa
jirrutti jira; wonni addii godhannu waan fudhan-
neerru† yoo te'e, addii te'iisi isaa hin hafa. Waan
fudhateeru ka addi'iin eegatu eennu ree?
25 Waan hin fudhatin yoo addii godhanne am-
moo, ossaan hin eeganna.
26 Akkuma kana Ayyaanni dadhabbii teenna nu
qarqaara; attam akka daadimannu nuuti waan
hin beenneef, Ayyaanni ammoo aaduu dubbi'iin
himantee hin dandeenneen nu'uuf daadimata.
27 Waaqi gadhaa namaa qorqorulle, yaadi
Ayyaanaa maan akka te'e hin beeka; sababille
Ayyaanni akka fedha Waaqaatitti kolbaa
Waaqaatiif daadimata.
28 Worra Waaqa jaalatu ka akka fedha isaa
waamameef, Waaqi waan maraa dansa'aaf akka
isaanii godhu hin beenna.
29 Worri inni dursee filate akka Ilma isaa
fakkaatuu fi Ilmi isaalle obboleeyyan hedduu

---

**8:23** 2 Qor. 5:2-4 † **8:24** *Waan fudhanneerru:* Waan ilatti mudhatu

oddu'utti angafa akka te'uuf, waan Waaqi dursee
murteesseeruuf tun teete.
30 Worra dursee murteesse waameera; worra
waamelle balchoonseera; worra balchoonselle
ulfeesseera.

## *Jaalala Waaqaa*

31 Marroo waan kanaa, nuuti maan jenna ree?
Waaqi nu woliin yoo jiraate, eentu nu mormee
dande'a?
32 Waaqi Ilma ifii adoo hin marariffatin, nu
maraaf dabarsee kenne, waan mara Ilma ifii
woliin toluma nuuf hin kennuu ree?
33 Worra Waaqi fooyate eentu himata? Ka isaan
balchoonsu Waaqa.
34 Eentu itti mura ree? Kiristoos Yesuusiin du'ee,
du'a keessaa ka'ee midda Waaqaa jiru, nu'uuf
daadimatiisatti jira.
35 Eentu jaalala Kiristoosii irraa gargar nu baasa
ree? Rakko'oo moo farra? Miidha'a‡ moo beela?
Daara moo bala'a? Yookiin du'aa ree?
36 Tun tama Barreeffam Woyyichi,

«Si'iif jennee guyyuma guyya'aan ijjeefanna;
akka hoolee qalantuutitti laakkowanneerra»
jedhu.

37 Garuu womaa moti; waan kana mara keessatti
karaa ka nu jaalateetiin injifattoota caalleerra.
38 Du'alle te'ee jiruun, ergantoota Waaqaalle te'ee
bulchitooti ol-gubba'aa, wonna amma jirulle te'ee
wonni dhufu'uuf jiru, hunnootalle yoo te'e,
39 wonna gubbaa jirulle te'ee wonni gad jala jiru,
wonna dada mara keessa jirulle yoo te'e, jaalala
Waaqi Goottaa keenna Kiristoos Yesuusiin nu

‡ **8:35** *Miidha'aa:* Ari'ama

jaalate irraa dande'ee gargar akka nu hin baanne
mirkaneeffadheera.

# 9

## *Waaqaa Fi Kolbaa Isaa*

1 Ani ka Kiristoosii waan te'eef dhuguma dub-
badha; ani hin sobu. Wodanaan kiyya ka Ayyaana
Woyyichaan sooreffamulle, akka ani hin sonne
dhugaa naaf baya.
2 Ani gadda gudda'aa fi laalaa hin lakkinne gad-
haa kiyya keessaa qaba.
3 Gosa tiyya ta hiddaa hidaada kiyya teeteef jed-
hee, Kiristoos irraa gargar bayee adoo abaarame
hin jaaladha.
4 Gosi tiyya sun gosa Israa'elii ti; Waaqi ijoollee
ifii isii godhatee, ulfinna ifiille isi'ii mudhise;
gondooroo isii woliin gondoorate, Seeralle isi'ii
kenne; isiin waaqonfannaa dhuga'aa qaddi;
waadaa hedduulle Waaqi isi'iif gale;
5 isiin sanyii abbootii teenna gugurdo'oo ti;
Kiristoosille*, akka namumma'aatitti gosa isi'ii
keessaa dhalate; Waaqi† waan mara bulchu, haga
bara baraa leellifamu! Ameen.
6 Te'uu malee jechi Waaqaa diigameera
jechu'uu moti; kolbaan Israa'elii mara
dhugumaan kolbaa Israa'eliitii moti.
7 Akkasuma sanyiin Abrahaamii marti dhugu-
maan ijoollee isaatii moti; ammoo, Waaqi Abra-
haamiin, «Sanyiin teeti sanyii Yisihaqiitiin waam-
manti» jedheera.

---

* **9:5** *Kiristoosille:* Masiihiille † **9:5** *Waaqi:* Kiristoosiin

8 Kana jechuun ijoolleen akkuma aadaa nami
uumatuutiin dhalatte ijoollee Waaqaati jechu'uu
moti; ammoo ta akka sanyi'iititti laakkowantu,
ijoollee akka waadaa Waaqi galeetitti dhalatte.
9 Waadaan sunille jecha, «Bara dhufu yennaa
akkasii yennaa ani deebi'ee dhufu, Saaraan ilma
deetteerti» jedhu.
10 Kana qofaa moti, Ribqaan ilmaan lakkuu ab-
buma tokkochaaf, abbaa sanyii teennaa Yisihaqiif
yennaa ulfootte,
11 filannoon Waaqaa huji'iin adoo hin te'in,
waamichaan akka te'e mudhisiisaaf, ijoolleen
lamaanuu adoo hin dhalatin, isaan keessalle'ee
tokkolle dansaa yookiin hantuu adoo hin hujin
dura,
12 Waaqi Ribqa'aan, «Angafichi maandhicha ta-
jaajila» jedhe.
13 Tun tama Barreeffam Woyyichi,
«Ani Yaaqoob jaaladhe,
Esaawu ammoo jibbe» jedhu.
14 Yoona maan jenna ree? Waaqi sirri'ii moti
jedhuu dandeennaa? Ijjumaa hin dandeennu!
15 Waaqi Muuse'een, «Ani kama mararuu bar-
baadeef marara; kama nawuu barbaadeefille
naya» jedhe.
16 Tanaaf, wonni marti marartii Waaqaa qofa
irratti hundoottí malee, waan nami fedhu yookiin
godhu irrattii moti.
17 Barreeffam Woyyichi, marroo mooticha
Fara'oonii yennaa dubbatu, «Maqaan kiyya biyya
lafaa mara keessatti akka lallabamuu fi hunni
tiyya si'iin akka mudhattuuf ani mootii si godhe»
jedha.

18 Maarre Waaqi nama fedhe marara, nama
fedhelle mataa jabeessa.

### *Mararti'ii Fi Mufii Waaqaa*

19 Isin keessaa nami tokko, «Yoo akkana
teete, Waaqi attam dande'ee balleessaa nama
irratti dhagga? Fedhii Waaqaa eentu mormuu
dande'a?» anaan hin jedha fa'a.
20 Namana! Waaqa woliin moromiisaaf ati
eennu? Okkoteen faaraa nama isii dhoween,
«Maaf akkana na dhootte?» jedhuu dandeetti?
21 Nami faara dhowu tokko, loobaa faaraa
tokkochuma irraa, meya tokkocha ulfinnaaf,
kaan woma te'eef akka te'u godhee dhowiisaaf
baallii hin qabuu?
22 Wonni Waaqi godhelle tanaan wol fakkaatti.
Inni hunna ifii beessisiisaa fi mufii ifii mudhisi-
isaaf barbaade. Ammoo worra mufii isaa jala jiru,
ka badi'iif qophowe san ciniinnatee ossate.
23 Worra ulfinna ifiitiif dursee qopheesse,
ka akka marartiin isaa irratti mudhattu itti
dhangalaaseefille, ulfinna ifii guddaa mudhisuu
barbaade.
24 Worri inni waame nu fa'aayyu; inni worra
Yihudootaa qofa keessaa adoo hin te'in, worra
Yihudoota hin te'inille keessaa waameera.
25 Inni kitaaba Hose'aa keessatti,
«Worra kolbaa tiyya hin te'in,
‹Kolbaa tiyya› jedhee hin waama;
kolbaa hin jaalatannelle,
‹Jaalatantuu tiyya› jedhee hin waama.
26 Adduma, ‹Isin kolbaa tiyyaa moti›
jedhamanetti,
‹Ijoollee Waaqa jiraata'aa› jedhamanee

hin waamaman» jedha.

27 Isaayaasille marroo Israa'elii qoonqoo ol qa-
batee, «Laakkossi kolbaa Israa'elii akka maansa
abbaayaa qarqaraa yoo heddatelle, worruma
diqqaa qofatti fayya;
28 Goottaan adoo hin turin ariifatee kolbaa
biyya lafaa maratti hin mura» jedheera.
29 Akkasuma Isaayaas duraan dursee, «Goottaan
Waan Mara Dade adoo sanyii garii nu'uuf ham-
buruu dhabe, sila akkuma qachooti Sodoomiitii fi
Gomora'aa badane banneerra» jedheera.

### *Israa'elii Fi Oduu Gammadaa*

30 Yoona maan jennuu ree? Worri Yihudoota
hin te'in, ka balchummaa hin hordofin, balchum-
maa dhaggate; balchummaan tun ammoo ta
dhugeeffanna'aan dhaggantu.
31 Israa'eliin Seera balchummaa fidu hordo-
faa turte ammoo, seera muummessiisa waan hin
dande'iniif balchummaa bira hin geenne.
32 Maaf bira hin geyin? Sababille isaan dhuge-
effanna'aan adoo hin te'in, huji'iin balchummaa
dhaggatiisaaf barbaadane. Isaan dhakaa gufachi-
isuun gufatane.
33 Tun tama Barreeffam Woyyichi,

«Kunoo, ani dhakaa kolbaa gufachiisu,
rassaa isaan jissu Xiyoon keessa hin keya,
ka itti dhugeeffatu ammoo hin qaanowu»
jedhu.

# 10

1 Obboleeyyan tiyya! Halchaan guddoon gad-
haa kiyya keessa jirtuu fi daadimannaan ani gara

Waaqaa daadimadhu akka kolbaan Israa'elii fayy-
itu.
2 Isaan Waaqaaf akka ifi kennaneeranu ani
dhugaa isaaniif baya; ammoo Waaqaaf ifi kenniis
isaanii sun beekkumsa dhuga'aa irratti ka hun-
dayeeruu moti.
3 Isaan karaa Waaqi kolbaa ittiin balchoonfatu
wollaalanee, karaa ifiif baafatiisaaf wodhaanane;
karaa Waaqi kolbaa ittiin balchoonsutti harka hin
kennanne.
4 Nami Kiristoositti dhugeeffatu mara akka bal-
choomuuf, Seerri Kiristoosiin muummoweera.

## *Fayyinni Nama Maraaf*

5 Muuseen marroo balchummaa Seeraaf aja-
jamiisaan dhaggantuu, «Nami Seera muummessu
mara jiru'uun le'a» jedhee barreesseera.
6 Balchummaan dhugeeffanna'aan dhaggantu
ammoo, «Gadhaa keeti keessatti, ‹Eentu ol-gubbaa
baya?› hin jedhin; sun, Kiristoos gad fidiisa.
7 Yookiin, gadhaa keeti keessatti, ‹Eentu qile'etti
gad bu'a?› hin jedhin; sunille, Kiristoos du'a
keessaa ol fidiisa» jetti.
8 Ammoo maan jetti ree?

«Jechi Waaqaa si bira,
hidhii teeti irraa fi gadhaa keeti keessa jira»
jetti.

Sunille, jecha dhugeeffanna'aa ka nuuti lallannu.
9 Yesuus Goottaa akka te'e, afaan keetiin yoo
dhugaa baate, Waaqi du'a keessaa akka isa
kaaselle, gadhaa keessatti yoo dhugeeffatte, ati
hin fayyita.

10 Nami gadhaa keessatti dhugeeffatee
balchooma; afaaniin dhugaa bayee fayya.
11 Barreeffam Woyyichi, «Nami isatti dhugeeffatu
hin qaanowu» jedha.
12 Worra Yihudootaatii fi Yihudoota hin te'in
odduu garaagarummaan hin jirtu; Waaqi Goot-
taa nama maraa ti; worra isa waammatu maraaf
eebba guddaa kenna.
13 Sababille Barreeffam Woyyichi, «Nami maqaa
Gootta'aa waammatu mara hin fayya» jedha.

14 Ammoo yoo itti hin dhugeeffatin attam
waammatuu dande'a? Marroo isaa adoo hin
dhage'in attam itti dhugeeffatan ree? Adoo nami
itti hin lallabin attamiin dhage'uu dande'an ree?

15 Nami lallabu yoo ergame malee, attamiin lal-
labuu dande'a ree? Barreeffam Woyyichi, «Worri
Oduu Gammadaa fidee dhufu, attam attam nama
gammachiisa!» jedha.

16 Ammoo worra garii malee marti isaanii
Oduu Gammadaa hin fudhanne. Isaayaasinuu,
«Gootta'a, eentu waan nuuti jenne dhugeeffate?»
jedha.

17 Maarre, dhugeeffannaan Oduu Gammadaa
dhage'iisa irraa dhutti; Oduun Gammadaalle
karaa jecha Kiristoosiitiin dhutti.

18 Ani ammoo, isaan dhugumaan hin dhageen-
nee? Jedhee gaafadha. Dhugumaan isaan
dhage'aneeran; sababille Barreeffam Woyyichi,

«Qoonqoon isaanii lafa maratti dhage'ante;
dubbiin isaaniille haga qaccee biyya lafaa
dhaqqadde» jedha.

19 Ani ammalle, kolbaan Israa'elii hin hubannee?
Jedhee gaafadha. Duraan dursee Muuseen,

«Kolbaa tuffatante hinaassisee, isin gaabbisiisa;
kolbaa gowwitti'illeen isin aarsa» jedheera.
20 Isaayaasille,
«Ani worra ana hin barbaadiniif dhaggameera;
worra ‹Waaqi eessa jira› jedhee ana hin gaafatiniifille
mudhadheera» jedhee sodaa malee dubbateera.
21 Marroo Israa'elii ammoo, «Kolbaa finqiltu'uu fi
ta hin ajajanneef, ani harka kiyya guyyaa guutuu
badhiseera» jedha.

# 11

### *Marartii Waaqi Israa'eliif Qabu*

1 Ani hin gaafadha: Waaqi kolbaa ifii gateeraa
ree? Ijjumaa hin ganne! Aninuu nama Israa'elii
ti; sanyii Abrahaamii keessaa gosa Beniyaamii ti.
2 Waaqi kolbaa dursee fooyate hin ganne. Mar-
roo Eliyaasii, ka Israa'eliin mormee Waaqa itti
daadimatee, waan Barreeffam Woyyichi jedhu,
isin hin beettanuu?
3 Inni, «Gootta'a! Isaan raagota teeti ijjeesa-
neeran, addee ciinca'aa keeti diiganeeran; na qo-
fatti hafe; lubbuu tiyyalle barbaadiisatti jiran»
jedha.
4 Deebiin Waaqi isaaf kenne ta maan jettu? «Ani
namoota waaqa dharaa ka Ba'aali jedhamuuf hin
jilbiiffanne kuma torba ifiif hamburadheera» ta
jettu.
5 Bara ammaa kanalle akkasuma baraareen
Waaqi badhaadha ifiitiin fooyate hin jirti.
6 Fooyati isaa waan isaan hujaneeranu irratti
adoo hin te'in, badhaadha isaa irratti hundaya.

Yoo fooyati Waaqaa waan kolbaan hujju irratti hundaye, badhaadhi isaa badhaadha dhuga'aa te'uu hin dande'u.
7 Maan te'inna ree? Kolbaan Israa'elii waan
barbaaddu hin dhagganne. Worri dhaggatane worra diqqaa Waaqi fooyate qofaayyu; worri kuun waamicha Waaqaatiif gurra duudane.
8 Tunille tama Barreeffam Woyyichi,

«Waaqi qalbi'ii fi gadhaa isaanii dilleesse;
haga adhaalle ilaan hin dhagganu;
gurralle'een hin dhage'anu» jedhu.

9 Daawitille,
«Qoriin isaanii tiyyoo qadduu fi
gufuu itti teetee isaan farrisiittu.

10 Akka hin dhaggine
ilti isaanii dukkanoottu;
goorri* isaaniille yennaa mara rakko'oon gad gogu» jedhu.

11 Ammalle ani hin gaafadha: Yihudooti yen-
naa gufatane, akka jiganee hafanuuf ree? Ijjumaa waawwo'o; sababa Yihudooti Seera cassaneef worri Yihudoota hin te'in fayyinna dhaggate; worra Yihudoota hin te'in irratti akka Yihudooti hinaafanuuf tun teete.
12 Seera cassiisi Yihudootaa biyya lafaatiif
eebba guddaa yoo te'e, jinnanni isaaniille worra Yihudoota hin te'iniif durummaa yoo te'e, adoo Yihudooti fayyanee fa'a eebba caalu attamiititti te'a ree!

## *Fayyinna Worra Yihudoota Hin Te'inii*

---

* **11:10** *Goorri:* Duddi

13 Ani amma isin worra Yihudoota hin te'initti
dubbadha: ani ergamaa worra Yihudoota hin
te'inii akkuma te'etti, hujii tiyyatti hin boona.
14 Gosa tiyya hinaassisee, isii keessaa gariin
akka fayyitu godhiisaaf tana godha.
15 Yennaa Waaqi isaan gate, eega kolbaan biyya
lafaa ta dhibiin Waaqa woliin araarante, yennaa
Waaqi isaan fudhatu maanti te'inna laati? Tun
qixxee du'aa ka'iisaa ti!

16 Bukoo takkaa irraa diqqoon isi'ii mataa
godhantee, Waaqaaf kennante yoo woyyoonte,
bukoon duudiinuu woyyuu teeti; akkasuma hiddi
muka tokkoolle Waaqaaf kennamee yoo woyy-
oome, dameeleelle woyyuu hin teeti.
17 Dameeleen ejersa ficha'atti dhaabamee yoo
caccadde, dameelee ejersa badda'aa itti qabachi-
isan. Isin worri Yihudoota hin te'in akka ejersa
bada'aa san, eebba isaanii worra qoodamu yoo
teetane,
18 Yihudoota akka dameele'ee caccabane san
irratti hin koorina'a. Yoo koortane ammoo isin
dameelee qofa waan teetaneef, hiddi isin ba'ata
malee, isin hidda ba'atuu akka hin dandeenne
qaabadha'a.

19 Ati ammoo, «Akka ani addee isi'ii bu'ee itti
qabadhuuf† dameeleen sun caccadde» hin jetta
fa'a.
20 Sun dhuga'a. Isaan waan dhugeeffatiisa dha-
baneef caccabane, ati ammoo waan dhugeeffat-
teef jabaattee dhaabbatte. Maarre sodaadha'a
malee, hin koorina'a.

† **11:19** *Itti qabadhuuf:* Fayyuuf

21 Waaqi Yihudoota dameelee dadante te'ane
yoo adde'etti hin lakkisin, adde'etti si lakkisa jet-
tee yaadattaa?
22 Asitti Waaqi attam akka gadhaa laafuu fi at-
tam akka gadhaa jabaatu dhaggina. Inni worra
jiganetti gadhaa jabaata, ati gadhi laafummaa
isaatiin ka jabaattee jiraattu yoo teete si'iif am-
moo gadhaa laafa. Ammoo ati yoo gadhi laafum-
maa isaatiin jabaattee hin jiraatin, atille irraa hin
caccadda.
23 Yihudootille yoo dhugeeffatiisa dhaba isaanii
lakkisane, isaan addee dur jiranutti hin deebi'an;
sababille Waaqi san godhiisaaf dande'a.
24 Isin worri Yihudoota hin te'in, ka
dameelee ejersa badda'aa ta caccadde teetane,
ejersaa ficha'atti dhabametti qassiifamuu yoo
dandeettane, Yihudooti dadamaan dameelee
ejersa ficha'a te'ane, addee ifii duriititti deebi'ane
attam qassiifamuu dadhaban ree!

### *Marartiin Waaqaa Nama Maraaf*

25 Obboleeyyan tiyya! Dhugaan dhossa'aa ta
akka isin beettanuuf ani barbaadu takkatti jira;
isiin, nuuti qaroole'e jettanee yaadiisa irraa isin
eeddi. Mataa jabeenni kolbaa Israa'elii akkanu-
matti hin turu; ammoo worri Yihudoota hin te'in
mara gara Waaqaa haga dhufanu qofa tura.
26 Maarre kolbaan Israa'elii marti hin fayyiti.
Barreeffam Woyyichi,

«Fayyisaan Xiyoon irraa hin dhufa,
hammeenna sanyii Yaaqoobii irraa hin balleessa.
27 Ani yennaa cubbuu isaanii isaan irraa fuudhu,

gondooroo tana isaan woliin gondooradha»
jedha.

28 Yihudooti Oduu Gammadaa waan hin fudha-
tiniif, bu'aa teessaniif jedhanee diinota Waaqaa
te'aneeran. Karaa filanno'ootiin ammoo, sababa
abbootii isaaniitiif jaalota Waaqaa ti.
29 Kennansaa fi waamichi Waaqaa hin jijji-
iramu.
30 Isin worri Yihudoota hin te'in kanaan dura
worra Waaqaaf hin ajajanne; amma ammoo
worri Yihudootaa waan ajajamuu didaneef isin
marartii Waaqaa dhaggattane.
31 Akkuma isin marartii dhaggattane, isaaniille
marartii dhaggatiisaaf, amma ka Waaqaaf hin
ajajanne te'aneeran.
32 Waaqi nama maraaf marartii mudhisiisaaf
jedhee, ajajamuu diduu jalatti kolbaan mara ta
hidhante akka teetu godhe.

### *Galata Waaqaa Gale*

33 Durummaan Waaqaa attam attam guddo'o!
Beekkumaa fi qarummaan isaa attam attam gad
fagaatti! Muraa isaa qorqoriisa eentu dande'a?
Karaa isaa eentu hubatiisa dande'a?
34 Barreeffam Woyyichi,
«Yaada Gootta'aa eentu beeka?
Yookiin eentu gorsa isaaf kennu'uu dande'a
ree?
35 Yookiin akka inni deebisee isaaf kennuuf,
eentu kennansa Waaqaaf kenneera ree?»
jedha.
36 Sababille wonni maraa isaan dadamee,
karaa isaatii fi isaaf jiraata.

Ulfinni haga bara baraa isaaf te'u! Ameen!

# 12

*Le'ii Waaqa Tajaajiliisaaf Malte*

1 Maarre obboleeyyan tiyya! Namummaa
keessan, ciincaa Waaqa gammachiisu, jiraata'aa
fi woyyicha gootanee akka dhikeessitanu, marar-
tii Waaqaatiin isin kadhadha; waaqonfannaan
dhugittiin* isii tana.
2 Fedhiin Waaqaa dansitti'ii fi ta isa gammachi-
ittu, ta mijuu teete beekiisa akka dandeettanu,
qalbii teessan haaressiisaan jiruun teessan jijji-
irantuuti malee, biyya lafaa tana hin fakkaatina'a.
3 Akkasuma isin martinuu qixxee Waaqi
dhugeeffannaa isinii kenneetitti ifi gad qabiisaan
yaadadha'a malee, haga isinii malteen irra
ifi jajiisaan marroo teessaniif hin yaadatina'a
jedhee, badhaadha naa kennameen isinii hima.
4 Nuuti nafa keenna tokkocha irratti mitikaa
hedduu qanna; mitikaan kun martinuu hujii adda
addaa qaba.
5 Maarre nuutille, adoo hedduu teenee jir-
ruu, Kiristoosiin nafa tokkocha; mitikoota nafa
tokkochaa akkuma teenetti wol qabanneerra.
6 Akka Badhaadha Waaqi nuuf kenneetitti nuuti
kennansa gara garaa qanna. Kennansi keenna
raaga raaguu yoo te'e, qixxee dhugeeffannaa qan-
nuutitti raannuu ti;
7 kennansi keenna worra dhibii tajaajiluu yoo
te'e, jabaannee tajaajilluu ti; kennansi keenna
barsiisiisa yoo te'e, akka maltetti barsiinnuu ti;

---

**11:36** 1 Qor. 8:6 * **12:1** *Dhugittiin:* Ayyaantittiin **12:5** 1 Qor. 12:12

8 kennansi keenna gorsiisa yoo te'e, gorsinuu
ti; kennansi keenna arjoomuu yoo te'e, gadha'aan
arjoonnuu ti; kennansi keenna bulchiisa yoo
te'e, jabaannee bulchinuu ti; kennansi keenna
mararuu yoo te'e, gammadaan mararruu ti;

9 Jaalalli keessan dhugaamessa te'uu ti.
Waan hantuu jibba'a; waan dansaa jabeessa'aa
qabadha'a;
10 Akka obboleeyyanii o'isa'aatii wol jaaladha'a;
ulfinna woliif kenniisaaf wol doggoma'a.
11 Jabaadha'aa huja'a malee, gadhee hin te'ina'a.
Ayyaana finiineen Goottaa tajaajila'a.
12 Addii qaddanuun gammada'a; rakkinna os-
sadha'a; yennaa mara daadimadha'a.
13 Kolbaan Waaqaa wo dhaddee yennaa
rakkatu waan qaddanu isaan woliin qoodama'a;
keessummoota fudhadha'a.
14 Worra isin miidhu eebbisa'a; eebbisa'a malee
hin abaarina'a.
15 Worra gammadu woliin gammada'a; worra
bowu woliin bowa'a.
16 Yaada tokkoon wolii gala'aatii le'a; ifi ol qabi-
isa lakkisa'aatii worra gadee woliin le'a; nuuti
beekkole'e jedhaa ifi hin saadina'a.
17 Fuula nama maraa duratti waan dansaa
godha'a malee, yennaa namooti hantuu isin ir-
ratti hujanu, isinille deebittanee hantuu itti hin
hujina'a.
18 Yoo dande'ame nama maraa woliin nageyaan
le'iisaaf, gama keessaniin waan dande'amu mara
godha'a.

**12:8** 1 Qor. 12:4-11 **12:14** Mat. 5:44; Luq. 6:28

19 Jaalota tiyya! Mufiin Waaqaa haluu baatuutii
malee, isin ijjumaa haluu hin bayina'a. Barreef-
fam Woyyichi, «Ka haluu bawuu fi ka gatii halu'uu
kaffalu ana jedha Goottaan Waaqi» jedha.
20 Addee haluu baatu, akkuma Barreeffam
Woyyichi, «Diinni keeti yoo beelote, nyaachis, yoo
dheebote obaas; Yoo akkas goote qaani'iin akka
gubatu goota» jedhu tolchi.
21 Hantuu dansa'aan injifadhu malee, hantuun
si hin injifatin.

# 13

## *Worra Baallii Qabuuf Ajajamiisa*

1 Nami marti worra baallii qabuuf ajajamuu
qaba! Sababille baalliin fedha Waaqaatiin
malee, hin kennantu; worri amma baallii qabulle
Waaqaan muudame.
2 Tanaaf nami worra baallii qabu mormu, waan
Waaqi ajaje morma; nami mormulle muraa ifi
irratti fida.
3 Worra waan hantuu huju malee, worri waan
dansaa huju bulchitoota hin sodaatanu. Ati worra
baallii qabu akka hin sodaanne barbaaddaa?
Waan dansaa huji; galatalle isaan irraa hin dhag-
gatta.
4 Worri baallii qabu tajaajiltoota Waaqaa ka
waan dansaa si'iif godhanu. Ammoo yoo waan
hantuu hujje, isaan sodaadhu; sababille isaan
worra toluma shallaagaa hidhateeruu moti. Isaan
tajaajiltoota Waaqaa, ka mufii Waaqaa mudhisi-
isaaf, worra hantuu huju adabanu.

5 Tanaaf nami adabbii Waaqaa qofaaf adoo hin
te'in, sababa wodana'aatiif jedhee worra baallii
qabuuf ajajamuu qaba.
6 Isin tanaaf gibiralle gabbartan; worri baal-
lii qabulle yennaa waan kana hujii irra oolchu
Waaqaaf hujiisatti jira.
7 Waan isaan isin irraa dhaggachu'uuf malane,
kenna'aaf; ka gibirri maleef gibira, ka qaraxi
maleef qaraxa, ka sodaan malteef sodaa, ka
ulfinni maleef ulfinna kenna'a.

## *Wol Jaalatuu*

8 Beenyaa eennuulle hin qabaatina'a; beenyaan
isin qabaatuu qaddanu wol jaalatiisa qofa te'uu ti;
nami nama jaalatu Seera muummesseera.
9 Ajajooti, «Hin gaarayyeeffatin; hin ijjeesin;
hin hatin; hin kajeelin» jedhanuu fi ka dhibiin
martinuu, ajaja, «Akka ifi jaalattu nama jaaladhu»
jedhuun wolitti qabameera.
10 Nami nama jaalatu, waan hantuu isa ir-
ratti ijjumaa hin godhu; tanaaf, nama jaalachuun
Seera guutu'u.

11 Yennaan isin hirriibaa dammaxxanu akka
geetteertu waan beettanuuf, tana godhuu qad-
dan. Sababille yennaa itti dhugeeffanne caalaa
guyyaan itti fayyinu amma gara keenna dhikaa-
teera.
12 Halkan dabariisa geyeera; guyyaalle dhikaa-
teera. Tanaaf kowa'a hujii dukkanaa lakkinnee,
meya woraanaa ka ifaa uffanna.

**13:7** Mat. 22:21; Mar. 12:17; Luq. 20:25

13 Akka kolbaa ifa guyya'aa keessa leetuutitti,
amala keenna miidhaffannuu ti malee, quufa-
nee ficiqqisu'uun yookiin machi'iin, sagaagalaan
yookiin fariisa'aan, lolaan yookiin hinaaffa'aan
hin te'in.
14 Goottaa Yesuus Kiristoos akka woya'aa uf-
fadha'a malee, halchaa foonii guutatiisaaf hin
yaadatina'a.

# 14

*Namatti Hin Murin*

1 Nama dhugeeffanna'aan dadhabeeru ifitti
qabadha'a malee, yaada isaa irratti isa woliin hin
mormina'a.
2 Nami gariin dhugeeffannaa waan mara nyaa-
chittu qaba; nami dhugeeffanna'aan dadhaba'aa
ammoo waan ficha'atti dhaabamu* qofa nyaata.
3 Nami waan mara nyaatu ka hin nyaanne hin
tuffatin; ka waan ficha'atti dhaabamu qofa nyaatu
ka waan mara nyaatu irratti hin murin; sababille
Waaqi isalle ifitti qabateera.
4 Ati ka tajaajilaa nama dhibi'ii irratti murtu
eennu? Inni yoo dhaabbate, yookiin yoo jige ka
murteessu Goottaa isaa ti. Waan Goottaan isa
dhaabbachiisuu dande'uuf, inni hin dhaabbata.
5 Nami tokko guyyaan tokko guyyoota kaan
caala jedhee yaada; kuun guyyooti martinuu wol
qixxe'e jedhee yaada. Waan akkasii irratti namuu
waan qalbiin isaa fudhatte godhuu ti.
6 Nami guyyaan tokko guyyoota kaan caala
jedhee yaadu ulfinna Gootta'aatiif jedhee tana
godha. Nami waan mara nyaatulle, sababa

* **14:2** *Waan ficha'atti dhaabamu:* Kuduraa

sagale'eetiif waan Waaqa galateeffatuuf, ulfinna Gootta'aatiif nyaata. Ka waan tokko tokko nyaatiisa didu, ulfinna Waaqaatiif dida. Innille Waaqa galateeffata.
7 Nuuti ifiif hin jiraannu; ifiifille hin duunu.
8 Yoo jiraanne, Gootta'aaf jiraanna; yoo duunelle, Gootta'aaf duuna; tanaaf, duunulle yookiin jiraannulle, nuuti ka Gootta'aa ti.
9 Tanaaf Kiristoos Goottaa worra du'eetii fi worra jiruu te'iisaaf, du'ee deebi'ee ka'e.
10 Ati maaf obboleessa keetitti murta ree? Maaf obboleessa keeti tuffatta ree? Nuuti martinuu barcumaa muraa Waaqaa dura hin dhaabbanna.
11 Sababille Barreeffam Woyyichi,

«‹Dhugumaan Ani Waaqa jiraata'a! Nami marti na duratti hin jilbiiffata;
arrabi martinuu akka ani Waaqa te'e dhugaa baasee hin dubbata› jedha Goottaan» jedha.

12 Maarre tokko tokkoon keenna waan gooneef Waaqaaf deebii hin kennina.

### *Worra Dhibii Hin Gufachiisin*

13 Maarre wol wolitti muriisa lakkinnuu ti. Addee san waan worra dhibii gufachiisu yookiin cubbu'utti jissu tokkolle ijjumaa akka hin hunye murteeffadha'a.
14 Ani karaa Goottaa Yesuusiitiin te'ee sagaleen takkaalle ifii isi'iitiin battii akka hin te'in beekeera; ati ammoo sagaleen gariin akka battitti'iititti yoo dhugeeffatte, isiin battii si'iif teeti.
15 Waan nyaattuun obboleessa keeti ka miitu yoo teete, ati nama jaalalaan le'uu moti. Sagaleen

---

**14:6** Qol. 2:16 **14:10** 2 Qor. 5:10

ati nyaattu nama Kiristoos du'eef sababa badi'ii akka teetu hin godhin.
16 Waan isin akka waan dansa'aatitti herreddanu maqaan badaan itti hin kennamin.
17 Mootummaan Waaqaa mootummaa balchumma'aa, nageyaatii fi gammada Ayyaanni Woyyichi kennuu ti malee, mootummaa nyaataatii fi uniisaatii moti.
18 Nami akka kanaan Kiristoos tajaajilu, Waaqa gammachiisa, namoota biralle'etti fudhatama dhaggata.
19 Maarre kowa'a waan nageya buusuu fi tokkummaa ijaaru hordofanna.
20 Sagale'eef jettee, hujii Waaqaa hin diigin. Sagaleen martinuu hin nyaatanti, ammoo waan ati nyaatuun worri dhibiin gufachuun dokonkora.
21 Foon nyaatuu yookiin daadhii woyni'ii unuu yookiin waan obboleessa keeti gufachiisu hujiisa dhabuun dansa'a.
22 Marroo waan kanaa dhugeeffannaa qaddu, ifii fi Waaqa oddu'utti eegadhu. Nami waan wonni kun sirri'i jedhee itti dhugeessu yennaa godhu wodanaan isaa isa hin komanne ka badhaadhe.
23 Ammoo yoo isaan marroo waan nyaatanuu mama qabaatane, hujiin isaanii dhugeeffanna'aan waan hin te'iniif, yennaa nyaatane Waaqi isaanitti mura. Wonni dhugeeffanna'aan hin te'in maraa cubbu'u.

# 15

## *Ifi Adoo Hin Te'in Worra Dhibii Gammachiis*

1 Nuuti worri dhugeeffanna'aan jajjaba teene,
ba'aa worra dadhaboole'ee ba'atuu qanna malee,
ifi gammachiisuu hin qannu.
2 Tokko tokkoon keenna akka nami dhibiin
dhugeeffannaa ifiitiin jabaatu*, dansaa isaatiif isa
gammachiisuu qanna.
3 Kiristoos ifi hin gammachiinne; ammoo,
akkuma Barreeffam Woyyichi, «Arraba ittiin si
arrassanetti na dhaqqabe» jedhutti isa irratti
muummowe.
4 Ossaa fi jajjabeenna Barreeffam Woyyichi
nuuf kennuun addii akka qabaannu, wonni
Barreeffama Woyyicha keessatti barreeffamane
marti nu barsiisu'uuf barreeffante.
5-6 Waaqi, ossaa fi jajjabeenna namaaf kennu,
yaada tokko qabaattanee, fakkeenna Yesuus
Kiristoosii hordottanee, addee tokko qoonqoo
takka'aan, Waaqa Abbaa Yesuus Kiristoosii akka
leellifattanu isin dandeessisu.

## *Oduun Gammadaa Worra Yihudoota Hin Te'iniif*

7 Akkuma Kiristoos isin fudhate, isinille ulfinna
Waaqaatiif wol fudhadha'a.
8 Waadaan Waaqi abbootii isaaniitii gale akka
muummowuu fi Waaqi addatamaa akka te'e mud-
hisiisaaf, Kiristoos tajaajilaa Yihudootaa akka te'e,
ani isinitti hima.
9 Akkasuma worri Yihudoota hin te'inille
marartii isaatiif, Waaqa akka leellisuuf tajaajilaa
isaanii te'e; kunille kama Barreeffam Woyyichi,
«Tanaaf ani worra Yihudoota hin te'in oddu'utti
si hin leellisa;

* **15:2** *Jabaatu:* Yookiin ijaaramu

maqaa keetiifille faaruu hin faarfadha» jedhu.
10 Ammalle Barreeffam Woyyichi,
«Isin worri worra Yihudootaa hin te'in,
kolbaa isaa woliin gammada'a» jedha.
11 Ammalle,
«Worri Yihudoota hin te'in marti,
Goottaa galateeffadha'a;
kolbaan marti, isa galateeffadha'a!» jedha.
12 Akkasuma Isaayaasille,
«Ka sanyii Iseyii keessaa dhalatu hin dhufa;
inni worra Yihudoota hin te'in bulchiisaaf hin ka'a;
isaanille isa hin addatan» jedha.
13 Addiin teessan hunna Ayyaana
Woyyichaatiin ittuma akka guddattu, Waaqi addii namaaf kennu, isatti dhugeeffachuu keessaniin, gammadaa fi nageya maraan isin guutuu ti.

### *Sababa Phawuloos Sodaa Malee Barreesse*

14 Obboleeyyan tiyya! Dansa'aan akka guu-
tantaneertanu, beekkumsa maraayyuu akka qaddanuu fi wol barsiisuu akka dandeettanu, mama tokko malee aninuu hubadheera.
15 Badhaadhi Waaqaa waan naaf kenneef, mar-
roo waan tokko tokkoo isin yaadachiisu'uuf sodaa malee isinii barreesseera.
16 Badhaadhi kunille, akka ani Oduu Gam-
madaa, ta Waaqaa, worra Yihudoota hin te'iniif lallabiisaan akka hayyichaa te'ee, Yesuus Kiristoos tajaajiluuf naa kenname. Tanaaf worri Yihudoota hin te'in ka Ayyaana Woyyichaan woyyoomee fi kennaa Waaqa gammachiisu te'ee akka dhikaatu tajaajila.

17 Karaa Kiristoos Yesuusiitiin Waaqa tajaajili-
isa kiyyaan ani hin boona.
18 Worri Yihudoota hin te'in dubbi'ii fi hujii
tiyyaan akka Waaqaaf ajajamanu, waan Kiristoos
karaa kiyyaan godhe qofa malee waan tokkolle
dubbatiisaaf ani ila hin jabaadhu.
19 Akkasuma hunna bilbaasotaatii fi
baasotaatiin, hunna Ayyaana Waaqaatille'een,
Yerusaalemii jalqabee haga Iliiriqumiititti, Oduu
Gammadaa ta Kiristoosii guutuma guutu'utti
lallabeera.
20 Halchaan tiyya ta yennaa maraa hundee
nami dhibiin buuse irratti ijaaruu adoo hin te'in,
addee Kiristoos hin dhage'amin maratti Oduu
Gammadaa lallabiisa.
21 Ammoo, tun tama,

«Worri marroo isaa isaanitti hin himamin hin dhaggan;
worri hin dhage'in hin hubatan» jedhantee barreeffante.

## *Phawuloos Roomaa Dhaqiisaaf Yaadate*

22 Sababa kanaaf ani yennaa hedduu isin bira
dhufiisa dhooggame.
23 Amma ammoo adaala kana keessaa
hujii tiyya waan fixadheeruu fi dhufee isin
ilaaliisaafille woggaa hedduu dharra'aa waan
tureeruuf,
24 yennaa gara Isphaaniyaa dhaqu goree isin
ilaaliisaaf karoorfadheera. Yennaa diqqoo isin
dhaggiisaan gammadeen duuba, akka ani ittiin
achi dhaquuf qarqaarsa akka naa gootanu hin
addadha.

25 Ammaa tana ammoo, kolbaa Waaqaa ta achi
jirtu tajaajiliisaaf† ani gara Yerusaalemii deemi-
isatti jira.
26 Wolde'i kiristaanaa ka Maqedooniya'aatii fi
Akaayya'aa, hiyyeeyyii Yerusaalem keessatti kol-
baa Waaqaa odduu jirtuuf, qarqaarsa kenniisaaf
murteeffataneeran.
27 Murteen tama isaanii ti; ammoo dhuguma
isaan, isaan qarqaaruu qaban; eega Yihudooti
eebba Ayyaana Waaqaa irraa dhaggatane worra
Yihudoota hin te'in woliin qoodamane, worri Yi-
hudoota hin te'inille eebba jiruu fooniitiin dhag-
gataneen Yihudoota qarqaaruu qaban.
28 Maarre, ani yennaa hujii tana fixe, beesee
isaaniif wolitti qabante maraayyuu isaanii ken-
neen duuba, Isphaaniyaa dhaqaara; yennaa achi
dhaqu goree isin ilaala.
29 Yennaa gara keessan dhufu, eebbaa Kiris-
toosii guutumaa guutu'utti fidee akka dhufu ani
hin beeka.
30 Obboleeyyan tiyya! Goottaa keenna Yesuus
Kiristoosiin, jaalala Ayyaanni Woyyichi nuu ken-
nelle'een, na woliin itti cittanee‡ akka naaf daadi-
mattanu isin magannifadha.
31 Akka ani miidhaa worra hin dhugeeffannee,
ka Yihudaa keessaa irraa fayyuu fi tajaajilli kiyya
Yerusaalem keessatti kolbaa Waaqaa ta achiitiif
fudhatamaa akka te'u daadimadha'a.
32 Maarre anille fedhii Waaqaa yoo teete, gam-
madaan gara keessan dhufee, isin dhaggee isin

† **15:25** *Tajaajiliisaaf:* Yookiin qarqaarsa beese'ee geessiisaaf **15:26** 1 Qor. 16:1-4 **15:27** 1 Qor. 9:11 ‡ **15:30** *Itti cittanee:* Murattanee

woliin hin haareffama.
33 Waaqi, maddi nageya keennaa, isin mara
woliin jiraatu. Ameen.

# 16

*Nageya Ergame*

1 Obboleettii teenna Feebeen, ta wolde'a kiris-
taanaa ka Kanchire'aa keessa tajaajiltu, nama
dansaa akka teete akka beettanu barbaada.
2 Akkuma kolbaa Waaqaatiif maltetti, maqaa
Gootta'aatiin isii fudhadha'a! Isiin kolbaa
heddu'uu fi analle waan qarqaarteertuuf,
qarqaarsa isiin isin irraa barbaaddu maraayyuu
isi'iif kenna'a.
3 Worra hujii Kiristoos Yesuusii na woliin huje,
Phirisqiila'aa fi Aqiila'atti nageya naaf hima'a.
4 Isaan jireenna isaanii naaf kennaneeran. Ani
isaan galateeffadha; na calla'aa motii wolde'i
kiristaanaa ka worra Yihudoota hin te'inille mar-
tinuu isaan galateeffatan.
5 Wolde'a mana isaanii keessatti wolitti qaba-
mulle'etti nageya naaf hima'a.
Jaala kiyya jaalatamaa, biyya Asiya'aa keessaa
dursee Kiristoositti dhugeeffate Ephanexositti
nageya naaf hima'a.
6 Maariyaamii isiniif jabeennaan hujjetti,
nageya naa hima'a.
7 Yihudoota na woliin hidhamanee turane
Andironikosii fi Yuniyaasitti nageya naaf hima'a;
isaan ergantoota oddu'utti worra beekkamee fi
worra anaan dura kiristaana te'eeru.
8 Jaala kiyya jaalatamaa Gootta'aan jaaladhu,
Aphiliiyaaxositti nageya naaf hima'a.

---

**16:3** HuE. 18:2

9 Jaala kiyya jaalatamaa Isxaakisii fi Urbaanosii
karaa Kiristoosiitiin nu woliin hujutti nageya naaf
hima'a.
10 Aphelesii Kiristoositti dhugeeffatiis isaa
mirkaneeffametti nageya naaf hima'a. Worra
maatii Arisxobulosii te'elle'etti nageya naaf
hima'a.
11 Herodiyoonii akkuma kiyya Yihudii te'etti
nageya naaf hima'a. Worra maatii Naarkisosii
keessaa kiristaana te'etti nageya naaf hima'a.
12 Worra tajaajila hujii Gootta'aa huju, Tiriifee-
nee fi Tiriiphaase'etti nageya naaf hima'a. Hujii
Gootta'aa guddoo ta hujje, jaalatantuu jaala tiyya
Pharsiisille'etti nageya naaf hima'a.
13 Ruufoosii hujii Gootta'aatii filamee fi haadha
isaa, ta yennaa mara akka ilmaatitti ana ilaaltetti
nageya naaf hima'a.
14 Asinkiriixositti, Filegoonitti, Hermeesitti,
Phaaxrobaasitti, Hermaasii fi kiristaanota dhibii
isaan woliin jiranu maratti nageya naaf hima'a.
15 Filogosii fi Yuliya'atti, Neryoosii fi obboleet-
tii isaatitti, Olimphaasii fi kolbaa Waaqaa worra
isaan woliin jiranu maratti nageya naaf hima'a.
16 Sunqaa obbolumma'aatiin nageya wol fu-
udha'a. Wolde'ooti Kiristoosii marti nageya isinii
dhaaman.

### *Gorsa Gara Dhumaarratti Kenname*

17 Obboleeyyan tiyya! Worra barnoota isin
fudhattaneen mormiisaan, dhugeeffannaa
kolba'aalle garagalchuu fi sababa gargar
qoqoodamiisaa te'u irraa akka ifi eegattanu isin
gorsa. Isaan irraa fagaadha'a!

---

**16:13** Mar. 15:21

18 Worri waan akkasii godhu kun halchaa
nyaata ifiitiif malee, Kiristoosii Goottaa keennaaf
hin hujanu. Dubbii ifii damma dibiisaa fi sossobi-
isaan kolbaa gadhaa babadhattu gowwoonfatan.
19 Nami marti Wongeelaaf ajajamuu keessan
dhage'eera; sababa kanaafille ani marroo
teessaniif hin gammada. Marroo waan
dansa'aatiif qaroo, marroo waan hantu'uutiif
ammoo gowwoolee akka teetanu ani barbaada.
20 Maddi nageya keennaa, Waaqille, dafee Seex-
ana miila keessan jalatti hin butucha. Badhaadhi
Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin ji-
raatu.
21 Ana woliin ka huju, Ximootewoos akkasuma
Yihudooti akka kiyyaa Luukiyoos, Yaasonii fi
Soosiiphaaxroos nageya isiniif dhaaman.
22 Ani Xirxiwoosiin Phawuloos himaaruun
xalayaa kana barreesse, Gootta'aan te'ee nageya
isiniif dhaama.
23 Keessummeessaan kiyya Gaayos, ka
mana isaa keessatti wolde'i kiristaana wolitti
qabamu, nageya isiniif dhaama. Qabataan
beesee qacha'aa, Eraasxoos fi obboleessi keenna
Ku'arxoos, nageya isiniif dhaaman.
24 Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii
isin mara woliin jiraatu.*

### *Leellisiisaan Muummeffatuu*

25 Ulfinna Waaqaaf kenninuu ti! Akka
Wongeela ani marroo Yesuus Kiristoosii
lallabeetitti, akka mudhachuu dhossaa dhugittii

**16:21** HuE. 16:1 **16:23** HuE. 19:29; 1 Qor. 1:14; 2 Xim. 4:20

* **16:24** Laakkossi 24 woraabbii garii qofa irra jira

bara duriitii jalqaddee hin mudhatin turtelle'etti, inni dhugeeffanna teessaniin akka isin jabaattanee dhaabbattanu godhuu dande'a.
26 Te'uu male, amma, karaa kitaaba raagoti barreessaneen dhossaan tun ifatti baateerti; martinuu dhugeeffatee akka ajajamu, ajaja Waaqa bara baraatiin kolbaa maratti akka beekkamu godhameera.
27 Karaa Yesuus Kiristoosiitiin, Waaqa qofuu qarichaaf, bara baraan ulfinni te'u.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e